Akkaataa Harcee Formulaa Daa’immanii itti Qopheefamu.

- Formulaa daa’imaa Iron of keessaa qabu biti.
- Guyyaa, ji’ootaa fi waggaa itti fayyadamuu dandeettu laali. (expire date)
- Erga qadaada qodaa irraa bantee ji’a tokko keessatti fayyadami.
- Fal’aana qodaa waliin dhufe qofa fayyadami.
- Xuunxoo daa’imaa, qaccee xuunxoo fi meeshaa waliin dhufe hunda bishaanii fi saamunaan erga dhiiqxee booda, daqiiqaa 2aaf danfisi.

Yaadachiisa: formulaan baakteriyaa irraa bilisaa miti, Filannoo gaarii daa’ima keetif tahuu isaa mirkaneefachuuf Doctoora kee gaafadhu. Daa’ima yeroon osoo hin geenye dhalateef, daa’ima kiloo 2.5 (5.5 Paawundii) gadi taahaniif fii ijoollee dhukkubsataniif fayyadamuun hin gorfamu.

Bishaan formulaa makuuf fayyadamtu:

- Bishaan Boombaa daqiiqaa 2aaf danfisi, erga bishaan danfiste booda xuunxoo qopheessi. Baakteeriyaa irraa daa’ima ittisuuf Bishaan digree 70°C yookin sanii ol danfaa taheen foormulaa qopheessuun filatama qaba. Erga foormulaa qopheessite booda, qabaneessii daa’ima obaasi.

Bishaaniifi formulaa walitti makuuf:

Xuunxoo Ouce 2 (ml 60) Qopheessuuf	Dursa Bishaan Ounce 2 (ml 60) xuunxootti naqi.	+	Formulaa Fal’aana 1 Itti dabali.
Xuunxoo Ouce 4 (ml 120) Qopheessuuf	Dursa Bishaan Ouce 4 (ml120) Xuunxootti Naqi	+	Formulaa Fal’aana 2 Itti dabali.
Xuunxoo Ouce 6 (ml 180) Qopheessuuf	Dursa Bishaan Ouce 6 (ml 180) Xuunxootti naqi	+	Foormulaa Fal’aana 3 Itti dabali.
Xuunxoo Ouce 8 (ml240) Qopheessuuf	Dursa Bishaan Ounce 8 (ml240) Xuunxootti naqi	+	Formulaa Fal’aana 4 Itti dalabi.

- Qaccee xuunxoo harka qulquullaadhaan itti qadaadi, Formulaa fi bishaan urgufuun walitti maki, Achi booda bishaan qabbanahaa keessa dhaabii qabbaneesi. Daa'ima akka hin gubne mirkaneefadhu qabbanahuu isaa. Daaìma kee qabadhuu hoosisi.
- Formulaa kana saa'aa 1 keessatti fayyadami. Formulaa daa'ima irraa yoo hafe gadi naqi.

Mala: akka as gubbaatti kaahameen xuunxoo qoopheefame saa'aa 24iif firijii keessa kaahu dandeessa.